# Kitaaba Milkiyaasii Raagichaa

## Seensa

Kitaab Milkiyaasii raagichaa dhaloota Kiristoosiitiin dura woggaa dhibba shaneesso'oo keessa Galmi Waaqaa ka Yerusaalem keessaa deebifamee ijaarameen duuba dhaggame; raagichi akka hayyootii fi kolbaan gondooroo Waaqa woliin galane haaressanu jabeessee yaadachiisa; kolbaan Waaqaa jiruu ifiitii fi Waaqa waaqonfatiisaan akka laatteertuu fi addatama dhidhitteertu ifa. Hayyootaa fi kolbaan ciincaa isaaf male kenniisa dhabiisaa fi akka barsiisa isaatitti le'iisa dhabiisaan Waaqa sobiisatti jiraniiyyu. Waaqi ammoo akka karaa qopheessuu fi gondooroo lallabuuf, ergamaa ifii dursee ergee kolbaa ifiititti muriisaa fi qulqulleessiisaaf hin dhufa.

**Haadhoo Dubbi'ii**

Jaalala Waaqi kolbaa Israa'eliitiif qabu*1:1-5*
Mootiin Waan Maraa Hayyoota Xixe*1:6—2:9*
Waaqaaf addatamuu Dhaba Kolba'aa*2:10-16*
Guyyaan Mura'aa Dhikaate*2:17*
Dhufa Mootii Waan Maraa*3:1-5*
Kudhan Keessaa Tokko Kennuu*3:6-12*
Marartii Waaqi Kenniisaaf Waadaa Gale*3:13-18*
Guyyaa Mura'aa*4:1-6*

1 Ergaan tun ta Mootiin Waan Maraa karaa raagicha Milkiyaasiitiin kolbaa Israa'eliitiif dub-batte.

### *Jaalala Mootiin Waan Maraa Kolbaa Israa'eliifii qabu*

2 Mootiin Waan Maraa kolbaa ifiitiin, «Ani
isin jaaladhe» jedha; isin ammoo, «Attamiin nu
jaalatte?» jettan.

Mootiin Waan Maraa deebisee, «Esaawuu fi
Yaaqoob obboleeyyan; ani ammoo Yaaqoob jaal-
adhee,
3 Esaawuu ammoo jibbe. Biyya koobittii
isaalle goomolee godhee, lafa inni dhaalu jeedala
goomole'eetiif lakkise» jedhe.
4 Sanyiin Esaawuu worri Edoomii, «Qachooti
keenna diigamanee turaneeran; amma ammoo
ka diigamane san deebinnee hin ijaarra!» hin
jedhan; ammoo Mootiin Waan Maraa Ka Waan
Mara Dade, «Isaan hin ijaaran; ani ammoo hin
diiga. Kolbaan ‹Biyyi sun biyya hantu'u; kolbaan
biyya saniille kolbaa Mootiin Waan Maraa baraa
haga bara baraa itti mufate› hin jetti.
5 «Isin kolbaan Israa'elii tana ila teessaniin dhag-
gitanee, ‹Meessaa Israa'eliitiin alattille Mootiin
Waan Maraa gudda'a› hin jettan» jedhe.
6 Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade
hayyoota isa tuffatanuun, «Ilmi abbaa ifii, hoj-
jataan hojjachiisaa ifii hin ulfeessa; adoo ani ab-
baa keessan te'eeruu maaf na ulfeessuu dhad-
dane ree? Adoo ani hojjachiisaa te'eeruu maaf na
sodaatuu dhaddane ree? Isin ammoo, ‹Attamiin si
tuffanne?› jettanee gaafattan.
7 Isin sagalee battootte addee ciincaan kiyya
itti ciinceffamutti ciincessitan; achiin duuba, ‹At-
tamiin addee ciinca'aa batteessine?› jettanee
gaafattan. Dabaltaneelle, ‹Addeen Mootii Waan

Maraatiif ciincaan itti ciinceffamu ka tuffatame›
jettan.
8 Horii ballaa yookiin dhibamaa yookiin
naafa ciinca'aaf yennaa dhikeessitanu, kun
waan gadhe'ee motii ree? Me waan akkasii
bulchaa keessaniif dhikeessa'a! Inni isinitti hin
gammadaa? Gammadee isin irraa hin fudhataa?»
jedha Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade.

9 Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade,
«Isin waan akkasii ana Mootii Waan Maraatiif ci-
incaa ciincessitanee akka ani isiniif araaramu yoo
daadimattane, kun dokonkora keessan.
10 Ani isinitti hin gammadu; ciincaa isin naaf ci-
incessitanu isin irraa waan hin fudhanneef, akka
isin addee ciincaan kiyya itti ciinceffamu irratti
ibidda hin gabbinne, maaloo nami isin keessaa
balbala Galma Waaqaa cufu adoo jiraatee!
11 Maqaan kiyya gosa biyya adda addaa
oddu'utti baya adu'uu irraa haga seensa
adu'uutitti guddaa hin te'a; maqaan kiyya gosa
biyya adda addaa oddu'utti guddaa waan te'eef,
addee maratti ulfinna maqaa kiyyaatiif hixaannii
fi kennansi qulqulluun hin dhikeeffama.

12 «Isin ammoo, ‹Addeen Mootii Waan Maraa
ka dada maraatiif ciincaa itti ciincessanu ta bat-
tootte› jettanee sagalee tuffatante achi irratti yen-
naa dhikeessitane addee ciinca'aa san batteessi-
tane.
13 Dabaltaneelle, ‹Kun eloo qofa!› jettanee itti
murgitan; isin horii hatame, horii naafa, horii
dhibame fiddanee ciincaa ciincessitan; ani kana
ani isin irraa hin fudhadha seetanii?
14 Nami hoolee ifii keessaa korbeessa fafa hin
qanne ka ana Mootii Waan Maraatiif waadaa

galeeru adoo qabuu, addee isaa horii fafa qabu sobaan dhikeessu ka abaarame te'uu ti! Ani mootii guddaa waan te'eef, maqaan kiyya gosa biyya adda addaa keessatti sodaatamaa hin te'a» jedha Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade.

# 2

1 Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade,
hayyootaan, «Ee hayyoota! Ajaji kun isiniif baye;
2 isin yoo naaf dhage'uu diddane, maqaa kiyyaaf ulfinna kenniisaaf yoo itti yaaduu dhaddane, ani abaarsa isin irratti hin erga; eebbaa keessanille abaarsatti hin jijjiirra; waan isin ulfinna naaf kenniisaaf itti yaaduu dhaddaneef, dhuguma ani ammaayyuu isin abaareera.
3 Kunoo, ani sababa keessaniif jedhee, sanyii teessan hin xixa; cumaa horii isin ciinca'aaf qal-tanee fuula keessanitti hin diba; cumaa san wo-lille'een fuula kiyya duraa hin gatantan.
4 Achiin duuba gondooroon tiyya ta ani Lewwii woliin godhe akka hin diiganne, ajaja kana akka ani kenne hin beettan.
5 «Gondooroon tiyya ta isa woliin godhe sun gon-dooroo jiru'uu fi nageyaa ti; tana akka inni na ulfeessu isaaf kenne; innille na sodaatee maqaa kiyya ulfeesse.
6 Barsiisa dhuga'aa barsiise; dubbiin dabaa afaan isaa keessaa hin baane. Inni nageyaa fi qajeelumma'aan na woliin le'ee, namoota hedduu yakkaa irraa deebiseera.
7 Hayyichi beekkumsa dhuga'aa hin eega; inni ergamaa Mootii Waan Maraa Ka Waan Mara

Dadee waan te'eef, nami afaan isaa keessaa barumsa hin barbaada.
8 Isin ammoo karaa irraa gortanee namoota hedduulle barsiisa keessaniin gufachiittaneertan; gondooroo ani Lewwii woliin godhelle diiddaneertan.
9 Waan isin ajaja kiyya eeguu diddanee, seera kiyya yennaa barsiittanulle nama wol caalchittanuuf, ani ammoo gosa mara duratti akka tuffatantanuuf akka qaanottanu godha» jedha.

### *Waaqaaf Addatamuu Dhaba Kolbaa Yihuda'aa*

10 Marti keenna abbaa tokkocha qannaa motii? Waaqa tokkochattuu nu maraayyuu dadee motii? Maaniif nuuti wolii wolii keennaaf addatamuu dhannee, wol irratti ka'iisaan gondooroo Mootiin Waan Maraa abbootii teenna woliin godhe maaf diinna ree?
11 Kolbaan Yihudaan hin addatanne; Israa'elii fi Yerusaalem keessatti waan Waaqi jibbu hujane; isaan dubartoota waaqota dharaa waaqonfattu fuudhanee addee Galma Waaqaa san batteessan.
12 Eennulle nama waan akkasii huju kanaaf yoo falmate, yookiin akka inni fudhatama dhaggatu yoo dubbate, yookiin isaaf Mootii Waan Maraa Ka bara baraa ka dada mara ajajuuf kennansa yoo dhikeesse, Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade nama san sanyii Yaaqoobii keessaa balleessuu ti.
13 Wonni dhibiin isin gootanu ammoo addee ciinca'aa ta Mootii Waan Maraa imimmaaniin dhixxan; haganaa achi Mootiin Waan Maraa kennansa keessan gammadaan waan isin irraa hin fudhanneef, hin boottan; hin iyyitanille'e.

14 Isin «Kun maaf te'a?» jettanee gaafatan; isin
waa'ela teessan ta teetee muttaaraa teessaniif ad-
datamuu waan dhaddaneef tun teete; Mootiin
Waan Maraa isinii fi muttaaraa teessan oddu'utti
dhugaa bayaa te'eeraayyu.
15 Waaqi isinii fi muttaaraa teessan foonii fi
Ayyaanalle'een tokko hin goonee ree? Maaf
tana godhe? Sanyii Waaqa sodaattu waan
barbaadeeruuf tana godhe; tanaaf ifi eeggadha'a!
Muttaaraa teessaniif addatamummaa hin
dhabina'a.
16 Mootiin Waan Maraa Waaqi Israa'elii, «Ani
nama niitii ifii lakkisu jibba; ani akka nama
woyaa akka kaso'oon uffatuu nama waan han-
tuu godhulle jibba; tanaaf ifi eeggadha'a; addata-
mummaalle hin dhabina'a!» jedha.

### *Guyyaan Mura'aa Dhikaate*

17 Isin jechoota keessaniin Mootii Waan Maraa
dadhassiittaneertan; ammoo, «Attamiin isa dad-
hassiinne?» jettanee gaafattan; isin «Worri waan
hantuu huje martinuu Mootii Waan Maraa du-
ratti dansa'a; inni isaanitti hin gammada; yookiin
abbaan muraa dhuga'aa eessa jira?» jettanee
gaafatiisaan isa dadhassiittan.

# 3

### *Dhufa Mootii Waan Maraa*

1 Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade,
«Kunoo, ani ergamaa kiyya ka karaa naaf
qopheessu ifiin dura erga; dedhuma Goottaan
isin barbaaddanu sun gara Galma ifii hin dhufa;
kunoo, ergamaan waadaan galame ka isin
halchitanu sun hin dhufa» jedha.

2 Ammoo guyyaa dhufa isaatitti eentu ossuu
dande'a? Yennaa inni mudhatu eentu isa dura
dhaabbatuu dande'a? Inni akka ibidda sibiila
baqisiisuu ti; akka saamunaa woyaa ittiin bor-
canuu ti.
3 Inni akka nama sibiila baqisiisuu ti; akka
nama meetii qulleessuu te'ee sanyii Lewwootaa
baqisiisee akka worqi'ii fi akka meeti'ii isaan hin
qulleessa; isaanille worra Mootii Waan Maraatiif
ciincaa balchicha ciincessanu hin te'an.
4 Achiin duuba ciincaan Yihuda'aatii fi ciincaan
Yerusaalemii akka baroota dabaranee, akka wog-
goota durii sanitti Mootii Waan Maraa duratti
fudhatama hin qabaata.

5 Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade,
«Ani muraa kenniisaaf isinitti dhikaadheera;
worra namatti xanu irratti, worra gaarayyeeffatu
irratti, worra sobaan kakatu irratti, namoota
worra hojjatoota, haadha hiyyeessaatii fi ijoollee
abba'aa fi haati hin jirre cunqursanu irratti,
worra nama alaga'aa muraa haqaa dhooggatu
irratti, worra na hin sodaanne irrattille dafee
dhugaa hin baya.

### *Kudhan Keessaa Tokko Kennuu*

6 «Ani Mootii Waan Maraa ti; ani anuma; ani hin
jijjiiramu; isinille diqqumaayyuu hin jijjiiranne;
isin haga ammaa ijoollee Yaaqoobii sobaalessaa ti.
7 Bara abbootii teessanii irraa jalqaddanee haga
ammaatitti isin seerata kiyya irraa gortaneertan;
isalle hin eeganne; ani Mootiin Waan Maraa Ka
Waan Mara Dade, ‹Gara kiyya deebi'a'a! Anille
gara keessan hin deebi'a!› isiniin jedheera; isin
ammoo, ‹Attamiin deebina?› jettan.

8 Nami Waaqa hin saamaa? Te'uu malee isin
na saamiisatti jirtan! Isin ammoo, ‹Attamiin si
saamiisatti jirra?› jettanee hin gaafattan; isin kud-
han keessaa tokko kennuu dhabiisaan, kennansa
kennuu dhabiisalle'een na saamiisatti jirtan.
9 Isin, gosi teessan martinuu na waan saami-
isatti jirtanuuf, isin abaarantaneertan.
10 Mana kiyya keessa sagaleen akka jiraattuuf
kudhan keessaa tokko guutumatti gootaraa kiyy-
atti galcha'a! Ani foddaa ol-gubba'aa banee,
eebba irraan dhangala'u yoo gad isiniif jissuu
dhabaadhe na ilaala'a!
11 Corroxxi adda addaa midhaan keessan akka
hin balleessine ani hin xixa; fichaa keessan
keessaa muki woyni'ii keessan ka midhaan dhabe
hin te'u.
12 Isin biyya nama gammachiittu keessa waan
leetanuuf gosi biyya adda addaa martinuu, ‹Isin
worra eebbifame› isiniin jedhan.

### *Marartii Waaqi kenniisaaf Waadaa Gale*

13 «Mootiin Waan Maraa, ‹Isin na irratti dubbii
badduu dubbattaneertan› jedhe; te'uu male isin,
‹Maan si irratti dubbanne?› jettan;
14 isin, ‹Waaqa tajaajiluun bu'aa hin qabu; akka
worra gaddaneetitti fuula Mootii Waan Maraa Ka
Waan Mara dande'u dura deddeebi'aa adoo jir-
ruu, waan inni ajaje eeguun keenna maan wo nuu
baati?
15 Akkuma dhagginu, worri koorameeyyiin
gammada qaban; worri hantuu hujuu
badhaadhiisa callaa adoo hin te'in, yennaa Waaqa
haga ilaalanulle rakkoon isaan hin dhaqqaddu›
jettan» jedha.

16 Achiin duuba worri Mootii Waan Maraa so-
daatu woliin dudubbatane; Mootiin Waan Maraa
isaan caqasee, waan isaan dudubbatane dhage'e;
kitaab dabarsii marroo worra isa sodaatanuutii fi
worra maqaa isaa ulfeessanuu, fuula isaa duratti
barreeffame.
17 Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade,
«Guyyaa ani murteeffadhe sanitti isaan qabeenna
kiyya ka addaa hin te'an; akkuma worri ijoollee
isaaniif tajaajiltu mararfatu akkasuma anille
isaan mararfadha.
18 Yennaa sanitti isin garaagarummaa worra
balcha'aa fi worra hamaa odduu jirtu, garaa-
garummaa worra Waaqa tajaajiluu fi hin tajaajille
odduu jirtulle hin dhaggitan» jedha.

# 4

### *Guyyaa Dhufa Mootii Waan Maraa*

1 Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade,
«Kunoo, guyyaan akka barbada ibiddaa gubu dh-
ufaara; yennaa sanitti worri kooruu fi worri han-
tuu huju martinuu akka hicaace'ee ti; guyyaan
dhufu sun isaan hin guba; hidda yookiin damee
isaaniif hin lakkisu.
2 Isin worra maqaa kiyya sodaattanuuf ammoo
aduun balchummaa isiniif fidduu fi ta koolli isi'ii
fayyinna ifi keessaa qabu isiniif hin baati; isin
akka waatolee gooree keessaa gad baatee hin bur-
raaxxan.
3 Isin yennaa san worra hamoota san irra hin
sirbitan; guyyaa ani waan kana godhu san faana
teessan jalatti daadhaa hin te'an.

4 «Barsiisa garbicha kiyya Muuse'ee, seerataa fi
ajaja ani gaara Horeebii irratti kolbaa Israa'elii
maraaf isatti kenne qaabadha'a.
5 «Kunoo, guyyaan kiyya gudda'aa fi
sodaachisaan sun adoo hin dhufiniin dura, ani
Eliyaasii raagicha isiniif hin erga.
6 Ani dhufee, lafa abaarsa itti buusee akka hin
balleessine, inni gadhaa abbooti'ii gara ijoollee
isaanii, gadhaa ijoollee isaanii gara abbootii
isaanii hin deebisa» jedha.

# Kitaaba Woyyuu

## Oromo, Borana-Arsi-Guji: Kitaaba Woyyuu (Bible)

copyright © 2025 The Word for the World International

Language: gujii

Contributor: Bible Society of Ethiopia

This translation is made available to you under the terms of the Creative Commons Attribution Share-Alike license 4.0.

You have permission to share and redistribute this Bible translation in any format and to make reasonable revisions and adaptations of this translation, provided that:

- You include the above copyright and source information.
- If you make any changes to the text, you must indicate that you did so in a way that makes it clear that the original licensor is not necessarily endorsing your changes.
- If you redistribute this text, you must distribute your contributions under the same license as the original.

Pictures included with Scriptures and other documents on this site are licensed just for use with those Scriptures and documents. For other uses, please contact the respective copyright owners.

Note that in addition to the rules above, revising and adapting God's Word involves a great responsibility to be true to God's Word. See Revelation 22:18-19.

2025-05-02

---

PDF generated using Haiola and XeLaTeX on 2 May 2025 from source files dated 2 May 2025

61e71359-af4b-50d9-8600-a11d0dea133e